# Kilinika Dubartoota Afrikaa (African Women's Clinic)

## Adeemsa keessan dura kiriimii qoricha qaama namaa hadoochu dibachuu

the women's
the royal women's hospital

Adeemsa dura kiriimii anesthetic (qaama hadoochu) kan dibatamu ni kennina. Qoricha qaama namaa hadoochu naannoo barbaachisetti waraanamuun akka siif mijatu taasisa. Marfeen kuni naannoo nuti muruuf deemnuutti kennama. Kireemichi naannoo sana ni hadoocha, lilmoon immoo naannoo sana caalaatti akka hadoochu godha


Kireemii kana yoo feetan mana keessanitti dibachuu dandeessu.

Yoo barbaadde, narsii/deessiftuun guyyaa beellamatti, adeemsicha dursitee siif dibuu dandeessi. Guyyaa beellamaa keessanitti kiriimicha fidaa.

Kireemii sana dibachuu kee dura naannoon sun qulqulluu fi goggogaa ta'uu isaa mirkaneessi. Yoo barbaadde naannoo sana haaddachuu ykn waaksii gochuu dandeessa.

### Beellama keessan dura maal gochuu qabdu

Hojimaata kanaaf beellama keessan sa'aatii tokko dura:



- naannoo madaan banamu irratti kiriimii yabbisanii dibachuu
- direessing pilaastikii (kan madaa) guyyaa beellama jalqabaa irratti siif kennine sana kiriimii sana gubbaa kaa'i.

Adeemsa keessan dura dressing fi cream sana ni balleessina.

Yoo dhukkubbiin akka idduu ykn gubaa sitti dhaga'ame, kiriimicha bishaan saamunaa xiqqo ho'een dhiqadhu. Yeroo beellama keessaniif dhuftan waa'ee kanaa narsii/deessiftuutti himaa.

Yoo yaaddoo qabaattan, ykn eessatti kiriimicha akka dibattan hin beekne ta'e, narsii/deessiftuu gaaffii keessaniif deebii ni kenniti.

### Odeeffannoo quunnamtii

Hojjettoonni Sagantaa Barnoota Mirga Maatii fi Walhormaataa (FARREP) Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa'aatii 9 hanga galgala sa'aatii 5tti ni argamu.

T: (03) 8345 3058
E: farrep.program@thewomens.org.au
F: (03) 8345 3053

Yookiin hojjetaa FARREP buufata fayyaa hawaasaa naannoo keessanii qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf marsariitii keenya barbaadaa: http://www.thewomens.org.au/health-information

### Sutata Afaanii

በርስዎ ቋንቋ መረጃ ለማግኘት በድረገጻችን ላይ ይጎብኙ
للحصول على المعلومات بلغتكم زوروا موقعنا الإلكتروني
用您說的語言瞭解詳情，請瀏覽我們的網站
Για πληροφορίες στη γλώσσα σας επισκεφθείτε την ιστοσελίδα μας
अपनी भाषा में जानकारी प्राप्त करने के लिए हमारी वेबसाइट पर जाइए
Per informazioni nella vostra lingua visitate il nostro sito web
Macluumaad intaas ka badan oo af Somali ah booqo websaytkayaga
Kendi dilinizde bilgi almak için web sitemizi ziyaret edin
Để biết thông tin bằng ngôn ngữ của quý vị, hãy truy cập trang mạng của chúng tôi

### Nama afaan hiiku ni barbaaddaa?




Yoo afaan hiikaa barbaadde gaafachuu dandeessa.

### Deeggarsa Jeequmsa Maatii

**1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja**

Yoo miidhaan saalaa, jeequmsa maatii ykn doorsisni si mudate gargaarsa argachuu dandeessa
Guyyaas ta'e halkan sa'aatii barbaaddanitti bilbiluu dandeessu.
1800 737 732
1800respect.org.au

**Itti gaafatamummaa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Waa'ee fedhii kunuunsa fayyaa dhuunfaa keessaniitiif, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa fudhadhaa. Hospitaalli Dubartoota (Royal Women's Hospital )ogeessa fayyaa arguu dhiisanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkatanii jiraachuu keessaniin kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo yaala fayyaa hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.
© The Royal Women's Hospital 2025